DARGAGGUMMAA FI KAADHIMUMMAA!!

❖ Namni haadha manaa isaaf taatu argatu, waanta gaarii in argata,waaqayyo biraas Ayyaana in argata.

Fakk : 18 : 22

Qopheessaan: Salamoon Buushanii

Waldaa Q/H/Afaan oromoo Jimmaa

Barreessuudhaan: Galaayee Fayyisaa fi Hojii kanaaf deeggarsa kan nuuf godhe Hayiluu Margaatiif galannikoo guddaadha!!

Scanned by CamScanner

Table of Cont

Seensa 2

Jijjiramoota Umuriin Dargaggummaa Keessa Dhufan,To'achuuf wantoota Gochuu qabnu. 2

Dargaggeessaafi Gammachuu. 5

Gammachuun Rakkoo kan horatu:- 6

2. Gaa'elaan Dura: 6

2.1 Gaa'elaan dura jechuun maal jechuudha? 6

Gaa'elli Maalinnii? 7

B1. Gaafachuufi Deebii Kennuu 8

Eenyu fuudhu? Ykn Eenyutti heerumu? 16

4.1 Fedhiin waaqayyoo Akkamitti beekama? 18

4.2. Fedha waaqayyoo kan hin taane akkamitti beekama? 19

Karaalee Gaa'elli Ittiin Raawwatu Sadan. 22

Rakkoolee waa'ee gaa'elaarratti turaniif hammallee jiran 26

Xumura 28

Scanned by CamScanner

Seensa

Dargaggummaan yeroo namni tokko jijjiirama foonii, hafuuraa, fedhii fi beekumsa itti fiduudha. Jijjiiramoonni yeroo kana jiran haalaan akkaataa caaffanni qulqullaa'aan jedhutti Hin to'ataman taanaan jireenya dhala namaa fooniif hafuuraa irratti miidhaa guddaa fidu.Jijjiiramoonni irraa fi keessa qaama keenyaatti yeroo dargaggummaa dhufan seexanarraa osoo hin ta'iin waaqayyoorraayyi, garuu jijjiiramoota kana akkaataa sagalee waaqayyootiin to'annaa irraatti hin goonu yoo ta'e, jireenya keenya dukkaneessuuf seexanni mi'a godhee itti fayyadamuu danda'a. yoo akkaataa fedhaa fi yaada waaqayyootti itti fayyadamna ta'e, waaqayyotu Gaarummaadhaaf mi'a godhatee itti fayyadama kanaafuu Dargaggummaafi kaadhimummaan waanta gonkumaa Gargar ba'ee ilaalamu miti.

"yoo karoora waggaa tokkoo qabaatte midhaan facaasi"

"yoo karoora wagga kudhanii qabaatte baar-gamoo dhabi"

"yoo karoora bara baraa qabaatte dargaggeessaratti hojjedhu"

Egaa qaamni har'arra dhaabatee waldaa boruu tajaajiluu(ijaaruu) barbaadu,dargaggootaaf dhimma dargaggootaarratti haa hojjatu. Anis hammamuu nama baruumsa kanaaf ulaagaa guute ta'uu baadhullee, mul'anni koo gara fulla duraa har'arra dhaabadhee waldaa boruu tajaajiluu waan ta'eefi kiristoosinni na keessaa guutuu waan ta'eef,dhimma dargaggootaa irratti tajajiluun kaayyoo koo isa jalqabaati. Kanuma bu'uureffachuudhaan barreeffama xiqqoo kana irraa eegalee xiyyeeffannoon tajajila kanaaf qabu isa hawwii hamma tulluu ga'u of keessaa qabu tuqaa ishee keessaa hundarra xiqqoodhaan akeekeera! Kanaafuu dhangaa hafuuraa waaqayyoo isiniif qopheesse dhamdhamadhaan affeerraa kooti.

Scanned by CamScanner

❖Jijjiramoota Umuriin Dargaggummaa Keessa Dhufan,To'achuuf wantoota Gochuu qabnu.

- Umuriin kun Umurii ibidaa jedhamuun beekama. Kanaaf of eeggannoo guddaa gochuun jijjiiramoota Yeroo dargaggummaa dhufan kana gaarummaadhaaf oolchuu qabna.
  Fknf Jijjiramoota dhiirarratti dhufan Keessaa:
  - Halkan abjuudhaan (abjuu Keessaa)osoo hin beekiin Sanyii Kormaa dhangalaasuu (sperm) Kun afaan Amaariffaan"ሕልመ-ሌሊት" (Ejaekulation) jedhama. Kunimmoo namni tokko fuudhaaf gahuu isaa agarsiisa Lew:15;16
  - Masta:Vation: Qaama dhiiraa qaqqabachuudhaan gammachuu argachuuf (መርካት,Satisfacation) Yaaludha.
    Isaan kun lachuu irra darbu. Isaan Kanaaf wantoota Kana fakkaatan to'achuuf:-

1. Hiriyaa hamaarraa Yeroo Kana fo'amuu.

- Wantoota hafuura wajjin walitti hidhaman filachuu. 2sam: 1-14.
  - *Kutaa Kana Keessaatti Ti'imaar gaaffii Gaa'elaa dhiyeessitullee Amnoon garuu gorsa hamaa hiriyaasaa hamaarraa dhagayerraa Kan ka'e ishee dhagahuu hin dandeenye (Gaa'ela Namniifi Waaqayyc itti gammadu gochuu hin barbaanne) 2sam:13:13*
- *Sagaleen Waaqayoo macaafa fakkeenyaa:27:17 irratti sibiilli sibiila akkuma qaru, Namini ammoo Nama qara jedha.*

Scanned by CamScanner

2. Wantoota,Fedhii Wal-quunnamtii saalaa si'eessan,ilaaluu dhiisuu.

Fiilmii qullaa namaa argisiisu(phornography) ilaaluurraa of qusachuu.

Phorno= qullaa

Graphy= kan argisiisu

- Phornography= Qullaa kan agarsiisu.
- Seera leewwotaa:- 18:6 irratti qullaa ofii argisiisuun akka hin danda'amneefii qullaa namaa ilaaluun akka hin barbaachifne dubbata.
  - Namni Kamumtuu qullaasaa firasaattillee mul'isuu hin qabu.
  - Abbaa warraa/haadha warraa Keenya malee eenyumtuu qulla keenya arguu hin qabu.
  - Abban manaafi haati manaa qullaasaanii wal-hin qaaneffatan(saalfatan).

3.Dhugaatii Nama Macheessurraa Fagaachuu. Fakk:23;29

- Dhugaatiin kamumtuu qulqulluus, xuraa'aas miti, garuu bu'aan inni fidu xuraa'aa ykn cubbuu ta'uu danda'a.
- Fedhii dhugaatiitiin harkifamuu,dhuguu,dharraa ejjaatiin qabamuudhaan ejjuu. Fakk:23:33

4. Haasawa ykn Tapha Waa'ee Sagaagalummaarraatti Hirmaannaa Gochuu Dhiisuu.

5. Uffannaa Fedhii Wal-quunnaamtii Saalaaf Nama Kakaasan Uffachuu Dhiisuu.

Scanned by CamScanner

➢ *Macaafti qulqulluun Uffannaa Gosa Lama ni Dhorka.*

A, Huccuu baay'ee gatiinsaa mi'aa ta'e ykn kan baay'ee maqaa guddaa qabu.

Pheexiroos Kanaafi akka ta'utti(ሰውነት) jiraadhaa kan jedhe.

B, Huccuu Safuu Namaa mul'isu(The one which do not cover the private body)

1xim: 2:9 10, 1phex:3:3

- ➢ Dhiirri Ulfinaafi fakkeenya Waaqayyoo yoo ta'u, dubartiin ammoo ulfina dhiiraati:- Kanaaf qaamni dhiiraa yeroo baay'ee dubara hin harkisu, garuu qaamni dubaraa qalbii dhiiraa akka salphaatti hatuufi harkisuu danda'a.
- ➢ Sababa Kanaatiif Yeroo baay'ee dhiironni Shaamarran ilaaluudhumaan akka salphaatti jaalalaan qabamanii kan mo'amaniif, Shaamarran garuu illaaluudhaan qofa carraan jaalachuusaanii baay'ee dhiphaadha(hinjiru jechuun ni danda'ama).
- ➢ Sababa kana ta'eef Shaamarran keessattuu qullaa qaamasaanii mul'isuun isaaniifis ta'ee obbolaa dhiiraatiif rakkoo guddaa waan qabuuf huccuu qullaa qaamasaanii mul'isu uffachuun gaarii miti.
- ➢ Durbi tokko Qulqulliinasiee kan eegatte (moodest) fi Qullaa qaamasheetii(Keessattuu miira dhiirota kan si'eessan)dhofkachuu qabdi.
- ➢ Yeroo baay'ee waanta namoonni keessa saaniitii qaban irrasaaniitti huccuu isaan uffataniin beekuun ni danda'ama:-
- ➢ Fknf; Ti'imaar Macaafa Qulqulluu keessaatti akka isheen niitii ejjituu fakkaattu(dubartii gaarii taatullee) kan ishee godhe uffanaa isheen uffattee turteedha. Uma:38:12-30

- 2mot:1:8 irratti akka ilaallutti eenyummaa Eeliyaas mootichi kan beeke haala uffannaa saatiirraayyi.

Scanned by CamScanner

6. Halalummaa ykn Wal-qaqqabannaa seeraan alaa ykn tapha yaraa irraa of eeguu.

- Kun haadha manaafi abbaa manaatii ni eeyyamama.
  - Yisihaaq haadha manaasaa faana gochaa ture
  - Wal- qaqqabachuun ofiisaatiif cubbuu miti, warra Wal-hin fuune tarkaanfii gara cubbuuttii isaan geessuudha.
  - Fumaanni kanaa bakka ifa galaa(Mul'ataa) ta'etti waliin bashannanuu.

Dargaggeessaafi Gammachuu.

- Gammachuun ija hafuura qulqulluti. Gal:5:22
- Macaafa qulqulluu Keessatti namoonni Waaqayyoo, Iyyesuusiin dabalatee gammadoo turan; namoota wajjinis ni gammadu ture. 2sam:6;21 Daawwit fuula Waaqayyootti ni burraaqa ture.
- Sagaleen Waaqayyoo akka gammannu kan nuuf eeyyamu:- "yeroo hundumaa Gooftaadhaan" gammaduu akka qabnu malee haala guutee hir'atuun miti. Fil:4:4.
- Gammachuun kan kennamu hafuura qulqulluu qofaani.

" Yaa dargaggeessaa, dargaggummaa keetti gammadi!Bara dargaggummaa keettis garaan kee haa gammadu, gara yaadni kee si geessutti adeemi, waanta ijji kee argu duukaas bu'i.Garuu waaqayyo wanta kana hundumaaf gara firdiitti akka si dhi'eessu beeki. Lal:11:9"

Scanned by CamScanner

Gammachuun Rakkoo kan horatu:-

- Yeroo To'annaa dhaan ala ta'u
  Gammachuun namaa to'annaan ala kan ta'u yeroo gammachuun kun bakka ulfinni waaqayyoo hin jirretti qophaa'uudha.
  Yeroo kana nuyi sagantaa keenya xumurree ariitiidhaan achii deemuu qabna.
  Macaafni qulqulluun akkuma jedhu"Nyaachuuf dhuguudhaa taa'anii sirbuudha ka'ani"
- Gammachuun Addunyaa kanaa dhumnisaa hammeenya.

2. *Gaa'elaan Dura:*

2.1 Gaa'elaan dura jechuun maal jechuudha?

Gaa'elaan dura haalota jiran jechuudha.

Haalonni kun bakkaa 3tti qoodamu.

A.yeroo Guddinaa.

- Qaamaan
- Sammuu dhaan
- Jireenya hafuuraatiin

B. *Yeroo Qophii.*

- Yeroo kana namni tokko mataasaa gaafachuu gaaffiin qabu jiru, isaanis
  1. Maaliifan fuudhuu/heerumuu barbaade?
  2. Umuuriin koo ga'eeraa?
  3. Nageenyi qaama kooti guutuudhaa?
  4. Galii quubsaa qabaa?
  5. Jaalala kennuufii fudhachuu danda'aa?
  6. Beekumsa Gaa'elaa hammamin qaba?
  7. Jijjiiramuudhaaf hammaaman qophaa'e?
  8. Gaa'ela koo keessatti waantin barbaaduu fi kennu maalinni?

Scanned by CamScanner

C. Yeroo kaadhimaa Gaa'ilaa waaliin turuu.

Gaa'elli Maalinnii?

3.1 Seera uumamaan Tumameedha Uma:1:27, 5:12

3.2 Foon lama (qaamni lama) Seera ittin tokko ta'uudha Efe:5:31

Icciitii Guddaa hariiroo waldaaf Kiristoos gidduu jiru bakka bu'uun barsiisuudha (mu'isuudha). Efe:5:32

3.3 Fakkeenya guddaa akkaataa ittiin Kiristoos waldaa jaalateefi waldaan ammoo Kiristoosiif abboomamtu argisiisuudha

3.4 Waldaan ykn Kiristiyaanonni bu'aa qaama Kiristoos taanee Kiristoos keessa dhokachuudhaan soorata nu barbaachisu isarraa akka argannuuf jaalala cimaa Kiristoos nuuf qabu ifatti kan nutti mul'isuudha. Efe:5:29-32

3.5 Gaa'elli ulfina qabeessaafi ciisichi isaa qulqullu kan ta'eedha. Fakk:5:18, Ibro:13:4

3.6 Nama lamaan kan raawwatuudha. Weedduu:4: 7-12

Fedha jara lamaaniirraatti kan bu'ureffameedha

3.7 Seera waaqayyoon tumameedha. Mat:19:1-12, Efe:5:21-33

3.8 Kennaa Waaqayyoon qofti kennuudha.Fakk:19:14

3.9 Eebba. Fakk:18:22

3.10 Yaada Waaqoyyoo isa bara baraati Uma:1:27

"..... lama ta'uun kophaa ta'uurra in wayya;..... Namoonni lama walii wajjin yoo ciisan wal in ho'isu," Lal:4:9-11

3

Scanned by CamScanner

B1. Gaafachuufi Deebii Kennuu

Yeroo Gaafannu:-

1. Qaamaan dhiyaannee Gaafachuu

Bilbilaan, Xalayaadhaan ykn nama erganii gaafachisuun sirrii miti.

Dhimma kanarratti hiriyaan ykn firri si caala siif amanamu hin jiru!!

2. Sodaa malee Tasgabbaa'anii gaafachuu.

Dhugaafi Qajeelummaadhaaf, akkasuma kan sagalee waaqayyootin deeggaramu waan ta'eef, tajaajiltoota,maatii, hiriyaa keenyaafi, ishee mataashii sodaachuu hin barbaachisu.

3. Yeroo kana bakka Mul'ataafi ifa galaa ta'etti gaafachuu.

Kun ta'uu dhaa yoo baate dhuga bahuumsa tajaajila Keenyaaf gaarii hin ta'u, isheen illee eeyyamamtuu ta'uu dhiisuu dandeessi.

4. Dubbiifi luqqisii Macaafa qulqulluu baay'isuun nurra hin jiraatu.

Sababiinsaa, gaaffiin kun bu'aa jara lachuu waan ta'eef isheenis sirriidhumatti waan beektuuf.

5. Waaqarraa dhageenyee yoo ta'es yookin jaalalumaan kam akka ta'e gabaabsinee itti himuu qabna.

Sababiinsaa kana gargar baasuufiin akkaataa saffisa deebii isheen nuuf kennituufi hubannoo isheetiif haala mijeessa.

Haadha manaa mana ishee qabuu dandeessu,eenyutu argachuu danda'aree? Fakk:31:10.

Scanned by CamScanner

6. Guyyaa Tokkoon Milkaa'uu dhiisuu waan danda'uuf abdii kutuufi jeeqamuun nurra hin jiraatu, obsuu qabna malee.

Yaada waqqayyoo baruuf, of amansiisuuf, namni mari'achiiftu yoo jiraate mari'achiisuuf, akkasumas dhiibbaa aadaa naannoorraa kaatee murteessuuf yeroo itti fudhachuu danda'a

7. Dirqamsiisuufi doorsisuu yoo ta'uu(milkaa'uu) baate ittiin ooduurraa of eeguu qabda.

Jibba waan fiduu fi Kaayyoo gaa'eelaa waan hin taaneef

8. Bilbila bilbiluu baay'isuu dhiisuufi baay'inaan itti mul'achuu (of argisisuu)irraa of qusachuu.

9. Deebii ishee tilmaamtee sobaan hiriyaa kee ykn nama biraatti himuurraa of qusachuu.

Yoo akka ati tilmaamte ta'uu baate madaalamuu dandeessa, amanamummaa keetu bada.

10. Shaamarranis mirgafilatanii gaafachuu qabu.

Isaanis tedhii qabu waan ta'eef.

Yeroo Deebii Kenninu

1. Dhugaa dubbachuu(sobuu dhiisuu)

Sobni waaqa fuuldurattis Cubbuudha,boruufis amanamummaa nama dhocwwata.

2. Arrabsuu hin qabnu, nama caccabsuu ykn tuffachuun sirraa hin eegamu.

Scanned by CamScanner

Sababi si gaafateef ittiin ooduu ykn amala kee jijjiirrachuun sirra hin jiraatu.

Sababnisaa diduu yoo barbaadde, sababa kee dhiyeessii didi malee arraba keetiin nama hin madeessiin, si malee shaamarran baay'een jiru Waan ta'eef, akka waan si qofa ta'ee of in godhiin.

3. odeessuurraa of qusachuu (Icciitii eegi)

Bakka argite hundumatti kan na gaafate isa kana Jettee hiriyoota keetti agarsiisuuf quba namatti hin qabiin (dhikima ta'i)

Waan inni sitti dubbate akka hin dubbanne icciitii eegi' boru yoo milkaa'ee gaa'ela gootan hiriyaan kee ittin sitti qoosuu ykn gargar isin baasuu dandeessi waan ta'eef.

4. Waanta sirrii ta'e Jaalalaan deebisi.

Sababii keetiin namni miidhamuu hin qabu waan ta'eef sammuu namaatiif of eeggadhu.

Namni si gaafate kuni erga jaalalaan qabamee (miidhamee) si gaafata waan ta'eef, siyi umaa sitti fakkaachuu yoo baatellee akkuma keetti ilaaltee nama kana miidhaarraan akka hin geenye of eegannoodhaan deebii sirrii kenniif. Jaalalli du'arra kan jabaatteedha jedha sagaleen waaqayyoo.

5. sirriitti irratti yaaduun, irratti kadhachuun deebisuu.

Dhimmi kun waan salphaa nardha ijaarree boru diignu osoo hin ta'iin bara biyya lafaatii qabnu kan keessa jiraannuudha.

Gaa'ila kiristiyaanotaa wanti warra hormaarraa adda qodhu nuti wanta muldhatu,qabeenya,sanyii ilaaluudhaan osoo hin ta'iin hafuura qulqulluudhaan geggeefamnee kan itti seennuudha.

Keenya kan nuuf filatu,firaaf lammii ykn eenyummaa keenya osoo hinta'iin harka waaqayyooti.

Scanned by CamScanner

6.Akka filannootti qabachuu dhiisuu

Yoo barbaachisaa ta'e kan fillannoo kee ta'e akkaataa ulaagaa ati baafatteetti osoo hin ta'in akkaataa ulaagaa hafuurri qulqulluun baasee keessa kee fideetti, hamma bira geessuutti callisii taa'i.

Yoo kana ta'uu baate akka filannootti isa tokko harkatti qabattee kan caalu qabeenyaan,bifaan,barumsaan,dibataan,sanyiidhan,filatta yoo ta'e umurii kee guutuu filachaatuma hafta.

Yoo argattellee dhuma irratti nama gonkumaa ati hin barbaannett jaalalaan osoo hin ta'in dirqamaan filannoo kee isa dhumaa waan ta'eef itti galta.Sababiin isaa' gurra(maqaa)altokko badde deebisanii wajuun hin danda'amu sababa ta'eef.

Tokkicha hawaasa kessatti madaalliin kee gadi buunaan eenyu achii sii hin kaasu ni tuffatamta.

Akka filannootti hiriyaa qabatta taanaan,waliin dhooftuufi mooksiituu ta'uu kee sittan hima.

"Namaan bara hin eeggatan,Qarshiidhan bara eeggatu malee"!!

7.Keessa kee yoo guute tole jedhi.

Tole jedhi kan jedhu yoo keessa keetii sidhiiba ta'e jechuudha.

Hub:Yeroo fedhii waaqayyoo baruuf kadhannu tole ykn jechuu irraa walaba ykn bilisa(neutral)taanee jidduu dhaabachuudhaan kadhachuu qabna,sababnisaa fedhiin foon keenyaa keessa galee, osoo ta'ee, kan nuti barbaannutti akka nu hin dhiibneef jechuudha.

C. Yeroo kaadhimummaa:-

- Yeroon kun erga gaafiin hiriyummaa dhiyaatee deebiin sirrii ta'e deebi'uudhaan milkaa'ee booda,yeroo hiriyaa gaa'elaa waliin turuuti.
- Barbaachisummaan kadhimmummaadhaan turuu:-

Scanned by CamScanner

- Yeroon kuni yeroo itti isheen amala badaa inni hin jaalanne itti dhi ftuudha,akkasumas inni dhiiraas amala isaa isheetti hin toile yeroo itti geedaratuudha.
- Yeroo itti beekumsa sagalee waaqayyootti,gara waaqa beekuutti walfidan.
- Walumaagalattii yeroon kun,yerootti,yaadan,jaalalaan,amalaan,kaayyoo ykn karooraan,tokko itti ta'aniidha.
- Yeroon kun,jireenya gara fuulduraatti umurii guutuu gaa'ila keessa jiraannuuf bu'uura guddaafi utubaadha.
- Bu'uurri kun yoo haalaan bu'eera ta'e manni irratti ijaaramus akkasuma jabaataafi bareedaa,kan imaanaa hawaasa baldhaa itti baatu,kan itti ifti ulfina waaqayyoo keessaa osoo walirraa hincitiin itti ifu ta'a.
- Yoo akkas hin ta'u ta'e garuu faallaa kanaa umurii guutuu gidiraafi booyicha,akkasuma jireenya dharraa qofa ta'a.

❖ *Yeroo kanatti akkamitti jirachuu qabna?*

1.Qulqullummaadhaan jiraachuu

- Yeroo kana dhungoo(kissing),wal-qaqqabachuu(warmup),wal-qunnamtii qaama saalaa gochuun hin barbaachisu.
- Dhungoon obboleessa wal-qunnamtii qaama saalaa isa xinnaadha.
- Kan nuuf eeyyamame kaadhimummaadhaan jiraachuu qofa.
- Dubbii keenyaan garuu jaalala keenya ibsachuun ni danda'ama.
- Fknf sinjaaladha,siyaade,bay'ee sirraa bareede,osoo gaa'illi keenya ariifateefi k,k,t.

  Kanaaf fakkeenya kan nuuf ta'an:-

  Yaa'iqoobiif Raaheel. Um 29:21-30

  Yooseefiif Maariyamii. Mat:1:18-25

  Ruutiif Boo'eez.

Scanned by CamScanner

2. Bifa Seera qabeessa ta'een Deddeebi'uu:-

- Dhiyaannaan keenya dhiyaannaa seeraan alaa ta'uu hin qabu.
- Yeroo kaadhimummaadhaan jiraannu wal-qaqqabachuun ykn halalummaan hin barbaachisu(cubbuudha waan ta'eef)Gal:5:19

3. Iftoominaan walitti haasa'uu: በግልጽ መነጋገር.

Eenyummaa ofii isa dhugaa mul'isuu, of dhoksuu dhiisuu.

- Kana jechuun waanta boru sirraa mul'atu gaariis ta'ee hamaa hiriyaa keetti hammuma yeroo kaadhimummaan jirtu mul'isuu yaali. Sababnisaa amalli har'a ati qabdu ykn haalli kee har'a keessa Jirtu tarii kan hiriyaan kee hin jaalanne ta'uu danda'a, garuu ati har'uma fudhatama argachuuf jettee eenyummaakee isa dhugaa dhoksitee yoo fakkaattee mul'atte boru eenyummaan kee inni dhugaan jaalattus jibbitus sirraa mul'achuun dirqama.
- Kunimmoo gaa'ila hiikuuf sababa ta'uu danda'a. kanaaf Yeroodhuma kaadhimummaadhaan jirtan eenyummaakee isa keessaa, isa dhugaa taatee mul'achu qabda, yoo hiriyaan kee suni eenyummaa kee isa dhugaa sana
  ni jaalata ykn ni jaalatti ta'e gaa'ilatti galtu, yoo ta'uu baate garuu osoo gaa'elatti hin galiin asumatti wal-dhiiftu. Waangeelli keenya gaa'ela hiikuu ni dhorka. Kanaafuu:-
  - Yoo hiyyeessa taate hiyyummaa kee mul'isi.
  - Yoo amala dallansuu qabaatte dallanii argisiisi.
  - Yoo baay'ee nyaatta ta'e baay'ee nyaadhuu agarsiisi.

Waan taatee hin argamne fakkaattee hin mul'atiin boru gaa'ela kee diiga waan ta'eef, diiguullee baatu umurii kee guutuu mannikee mana boqonnaa hin qabne sitti ta'a.

- Fknf Namichi tokkoo waldaa keessatti, ni waaqeffachiisa ture, yeroo waaqeffachiisu kana Ergamaadhuma waaqayyooo fakkaata ture, sana booda Intalli tokko jaalattee itti heerumte. Gaafa manasaatti galtu namichi sun amallisaa akka innaa waldaa ta'uu didee nama baay'ee duddubbataa, doqna (kan biddeen irratti nama hin jaalanne),biddeena

Scanned by CamScanner

isheen tolchite illee kan lakkaa'u, dadallaanaa,kkf ture. sana booda intalittiin waldaasaa sana dhaqxee abbaa manaa koo kennaa, abbaan manaa koo isa kana miti kan biraa natti kennitanii isan waldaatti arge miti, inni mana koo jiru "WAAQEFFACHIISAA osoo hin ta'iin WAREERSAA fi BOOCHIISAA" dha jette.

4. *Wal-danda'uu, walitti Araaramuu (Dhiifama waliif gochuu).*

Sumsummaan illee walitti buuti akkuma jedhamu namni wal-jaalatus ta'ee wal- hin jalanne walitti bu'uun dhugaa jireenyaati (reality of life).

Egaa walitti bu'iinsa kana mariidhaan, dogaggara ofii fudhachuu fi dogoggara walii ifoominaan walitti himuun hiikuun barbaachisaadha. Mudaa walii baachuufi wal-danda'uunis jireenya mi'eessa.

- Kufuurra iddoo kufanii beekanii ka'uuf yaalii gochuu dhiisuutu dogoggora cimaadha!!
- Namni nama waan ta'eef ni dogoggora ykn walitti bu'a.

5. *Kadhataan waantota nutti ulfaatan irratti waliif kadhachuu.*

Waa'ee baruumsaarratti, tajaajilaarratti, jireenyaarratti, fayyaarratti, dhiyeessii fooniif hafuuraarraatti, maatiirrati fi kkf Waanta keessa keenyatti gaaffii ta'e hundumaa osoo wal-hin dhoksiin walitti himuun irratti waliif kadhachuu
fi wal-jajjabeessuu.

6. *Baasii baay'ee baasuurraa of qusachuu.*

Sababnisaa yeroo gabaabaa keessatti wal nuffuun waan danda'amuufi. Gaafa jiru rakkoo hin qabu, gaafa dhabne gargar bahiinsa keenyaaf sababa ta'uu danda'a

7. *Kennaa waliif kennuu*

Kennaan hiriyaan jaalalaa kee siif kennu/tu hamma isaa osoo hin ta'iin maqaasaa (gochasaatu) damma caala mi'aaya.

Scanned by CamScanner

Kennaan kun hidhaa jaalalaa cimsa onnee keenya guutuu jaalala dhugaatiif booji'a.
Kenni kun kaardii gannaa ta'uu danda'a, xalayaa jaalala ibsullee ta'uu danda'a, peennaa ta'uu danda'a, matsiyeetii hafuuraa ta'uu danda'a, faaya mormaa ta'uu danda'a, qubeellaa ta'uu danda'a, suuraakee, fakkii ababaa harka keetin kaastee, ababaa bittee ta'uu danda'a.
Kennaan keenya kun yoo waanta gatii guddaan bitame ta'uu baate filatamaadha. Sababnisaa baasiidhaaf waan nu saaxiluuf.

8. Oduurraa of qusachuu:-

Kunimmoo nama sadaffaa of gidduu galchuu dhiisuudha.
Eenyummaafi waayeen hiriyaakeetii isa dhugaan isa/ ishee irraa dhageessuu fi argitu malee isa qaama sadaffaarraa dhageessu ta'uu hin qabu. Akkuma kan jaalala keessan jaalatu jiru kan jaalala keessaaniif inaaffu ykn hin jaalanne akka jiru hin dagatiin.
Jaalalli oduu qaama sadaffaa (information of third party) irratti hundaa'e kufuuf diiggachuunsaa dhiyoodha. Eenyummaan hiriyaa keetii isa ifatti ati argitu ta'uutu irra jiraata, yoo waanti ati shakkitu jiraate ifaafi bilisaan itti dhiyaadhuu gaafachuudhaan qulqulleeffadhu.
Kanarratti hiriyaa ykn firri hin jiru.

9. Nuti Warra dhiiga kiristoosiin fayyine waan taaneef:- Mul:5:10

Hiriyaa kee sanyiidhaan, afaaniin, beekumsaan, qabeenyaan, bifaan daangoftee dhiisuun sirra hin jiraatu.

10. Dubbii afaan keenyaafi haalota keessa dabarsinu hiriyaa keenyaaf of eeggachuu.

Scanned by CamScanner

Waanta hamilee hiriyaakeetii tuquufi waan jaalala ishee/isaa hin qabne si fakkeessurraa of eeggadhu.

Fknf. Osoon itti hin yaadiinan si waliin jaalalatti gale, kan si caalu ykn caaltu baay'een argadha,waan gaa'ela keenya raawwannu natti hin fakkaatu,akkan si jaaladhe warri koo yoo dhagahan nan dhiisa, warri yoo eeyyamuu baatan ani si jaalachuuf murteessuu hin danda'u.

Irra daddeebi'uudhaan saala faallaa kee ta'e faana bilbilaanis ta'ee qaamaan haasawa baay'isuu fi kkf irraa of eegachuu.

- Wantoota armaan olii kanaaf kan kana fakkaatan irraa of hin eegnu taanaan hiriyaa kee kan biraa sirraa fudhata.
- Keessumaa hiriyaa kee hin tuffatiin, beellama waliin qabatte kabajiif. Hub. Kan ati fuutu/itti heerumtu nama tokko qofa akka ta'e beeki!!

11. Yeroo waliin kadhattan of gidduutti nama biraa(qaama 3ffaa) affeeruudhaan kadhadhaa.

Kuni dhuga bahuumsa keessaniif gaariidha.

Waantota foon itti nu dhidhiiburraa of eeguufi cubbuu akka hin hojjanneef nu gargaara.

12. Osoo hin turiin qaama beekuu qabu beeksisuufi gara tokkotti dhufuu.

- Waldaa beeksisuu.
- Maatii beeksisuu.
- Beellama qabatanii Gaa'ela Raawwachuu.

Eenyu fuudhu? Ykn Eenyutti heerumu?

Gaaffiin kuni namaaf osoo hin ta'iin waaqayyoof kan dhiyaatuudha.

1.Amanaa (amantuu) ykn nama kiristoositti amane

Scanned by CamScanner

2qor:6:14-18 Keessa deebi: 7:2-3

Nama hin amanne waliin walitti hidhamuun amaachii seexanaa ta'uudha.

Nama hin amanne wajjin gaa'ela raawwachuu jechuun:-

- Mana ibsaa hin qabne keessa umurii keenya guutuu jiraachuuf murteessuu jechuudha.
- Mana hammeenyaa ijaarrachuu jechuudha.
- Seexana isa kuusaa, dhibee, du'aa, hiyyummaafi gadadummaa ta'etti heerumuu ykn fuudhuu jechuudha.

➢ Namoota nama hin amanne fuudhanii adabaman:-

- Saamsoon: Fird: 14: 1-3
- Abrahaam:um:16
- Salamoon: 1mot: 11: 1-13

2.Nama waaqayyoon nuuf kennuu fuudhuu/itti heerumuu

Namoonni baay'een waaqayyootti hin abdatan yoon kadhadhe naman hin barbaanne naaf kenna jedhanii waaqayyo shakku.

Yoo kadhatte waaqayyoon kee kan taate/ta'e wajjin wal-sibarsiisuu danda'a.

Waaqayyoon isa har'aaf isa alaa qofa osoo hin ta'iin isa boruuf isa keessaa beeka; kanaafuu filannoon waaqayyoo sirriidha.

Waaqayyoon akkaataa ulaagaa keef amala keetti nama si danda'u siif filata.

3.Nama fuudhuu ykn itti heerumuu qabna

Kan fuutu qabeenya, beekumsa, sadarkaa, bifa, afaan ykn qomoo namaa osoo hin ta'iin nama akka ta'e beeki.

Yoo konkolaataa ilaaltee itti heerumta ta'e ati waardiyyaa konkolaataa namichaati malee haadha manaasaa miti.

Yoo sadarka ykn bifa nama sanaa irratti hundooftee gaa'ela goota ta'e ati eegduu nama sanaa (body guard)ti malee haadha manaa ykn abbaa manaa miti.

Xiyyeeffannaan kee miidhagina keessaarratti kan hundaa'e ta'uu qaba.miidhaginni alaa(chaappistikii,dibata,rifeensa nam-tolchee)waan ta'eef yeroon booda harca'uu danda'a, garuu miidhaginni keessaa eenyummaa keessanamaa isa gad-fagoo waan ta'eef yoomumaa hin harca'u, sanuma.

Scanned by CamScanner

4.Nama fedhasaa ta'e uma :24:55

5.Dhiirri durba, durbi immoo dhiiraa uma: 19:1-11 badiin ssadoom akka hin taane.

4.1 Fedhiin waaqayyoo Akkamitti beekama?

Fedhasaa beekuudhaaf waan hundumaa dursa mataa keenya waaqayyoof bituutu nurra jiraata.

A. Hafuurri waaqayyoo hafuura keenyaaf dhugaa baha.

Rom:8:16. Yoh:5:20. Waaqayyo abbaan ilmasaa waan jaalatuuf waan hojjetu hundumaa itti hima; nutis immoo akkasuma ilmoosaa waantaaneef waaqayyo abbaan waan hojjachuu fedhu karaa hafuurasaatii nu beeksisa (nutti hima).

B. Nagaa keessa keenya keessatti nuuf kennuun.

Nagaan kun nagaa gargar hin cinne(nagaa walitti fufaa ta'e)tasgabbii, gammachuu,boqonnaa nuuf kenna,akkasumammoo gaaffiin keessa keenyaa bada(gaaffii nutti hin ta'u) Fil:4:4-7, um:24:67.

Fedha waaqayyoo yoo ta'uu baate keessi keenya ni dhiphata, gatii nu kanfalchiisa,nagaa of keessaa hin qabu, nujeeqa,gaaffii nutti ta'a.

C. Dhuga bahiisa namoota hafuuraatiin.

Ruut gara gaa'ela gaarii ta'eetti kan gaggeessite ykn kan kallatti qabsiifte Nu'aamiin turte Fir:14:1-2 Rut:4:11,3:1-5

D. Hafuura Kadhataatiif osoo jirruu sagalee nuuf dhufuun.

Mul:10:4..... Sagaleen dhaga'e.

E. Jidduu galuu waaqayyootiin.

Akka walii galuu danda'aniif ykn yoo duraan walii galan immoo akka gargar hin baaneef(Fknf:Yoosef icciitiidhaan Mariyaamii dhiisuu yoo barbaadellee) jidduu galuun waaqayyootiin akka gargar hin baane taasifameera. Maat:1:18-21

F. Jarri lachuu wal-fudhannaa(simannaa),wal-eeguufi wal-kabajuu waliif qabaniin.

Kana jechuun nama tokko ulaagaasaa,bifasaa ykn qabeenyasaa ilaaltee jaalachuu dandeessa, garuu lapheen kee yoo nama sana simachuu baate,

Scanned by CamScanner

wal-kabajuufi keessa ofitti wal-eeguun yoo jiraachuu baate kuni fedha fooniiti malee fedha waaqayyoo miti.

G. Jaalala namoota sana lachuu giddu jiruun.

Tokko jaalatee tokko kan hin jaalanne ta'uu hin qabu.

H. Abjuudhaan. Maat:1:18-21,Lalaba:5:3

As irratti of eeggannon cimaan nuti gochuu qabnu abjuun sun kan fooniimoo, kan Seexanaa ykn kan waaqayyoo akka ta'e qorree gargar baafachuudha.

I. Gaafa Gaa'ela Raawwanne, Fudhannee yeroo gallu.

J. Yeroo jiraannu firii(ija gaa'ela keenya gidduutti bu'uun)

Ijji kun ija hafuuraa,ija foonii(badhaadhummaa)wal-kabajuufi simannaa nu jidduu jirurraa kaanee beekuu dandeenya

Isaan dhumaa kuni lamaan erga gaa'ela raawwannee ykn gaafa gaa'ela keenyaa waan mul'ataniif gaa'elatti galuudhaaf nu hin fayyadan, garuu gaa'eellumti nuti raawwanne kun fedha waaqayyootiin ta'uuf dhiisuusaa gargar baasuuf nu fayyadu malee.

Scanned by CamScanner

4.2. Fedha waaqayyoo kan hin taane akkamitti beekama?

1. Jireenya hafuuraarratti dhiibbaa hamaa fida.

Ayyaana waaqayyoo namarraa haada ykn ayyaana waaqayyoo nama gachiisisa. Fir:16.

2. Waldaafi tajaajiltoota jidduutti gargar bahiinsa fida. 2Sam :13:23-34

Waanta fedha waaqayyoo hin ta'iiniif waldaafi tajaajiltoonni ni mormu,kanarraa kan ka'e gargar bahiinsa fida.

3. Hojiin foonii irratti mul'ata(itti baay'ata) Gal:5:19.

Fedhiin hafuuraa keessa waan hin jirreef ijji hafuuraa keessa hin jiru.

4. Lapheen quiqulloota baay'ee hin fudhatu(simatu)

Namoonni baay'een sobanii afaaniin yoo itti si jajjabeessanillee lapheensaanii inni dhugaan garuu waanta fedhii waaqayyoo hin taane fudhachuuf itti rakkata.

5. Jaalalli dhugaafi qulqulluun hin jiru:-

Jaalalli jiru jaalala sobaa ykn irra keessaafi kan yeroof itti fakkeessanii jiraataniidha.

Yeroo baay'ee namoonni akkanaa gorsa hin barbaadan,ni ariifatu,isa ykn ishii malee jedhanii qilleensarra wal-qabu Fakk:21:5

6. Walii galteen, wal-simachuun,wal-dhaggeeffachuun,wal-kabajuun,wal-eeguun,wal-sodaachuun keessa hin jiru.

Kaadhimaa gaa'elaa lama gidduutti kuni ni mul'ata taanaan isaan gidduutti fedhiin waaqayyoo hin jiru

7. Iftoomina irra dhoksaatu baay'ata.

Scanned by CamScanner

As keessaatti waanti ilaallu kaadhimaan kun lamaan lapheensaanii waliif ifa miti, iccitiitu baay'ata isaan gidduutti,sadarkaan wal-beekuusaaniillee shakkiidhaani malee dhugaarra kan dhaabate miti.
Inni kan biraa yaadni ijoo kun qabatee jiru,kaadhimaa walii ta'uusaani jarri lachuu dhoksuuf yaalii guddaa godhu(ni sodaatu waan ta'eef)

8.Jibba,haaloo kuusuu,gaabbii fi mormiitu baay'ata.

9.Dhiifama waliif gochuun (haa,hafu)jechuun hin jiru.

10.Yeroo baay'ee mataa walitti baatu.

Walii galteerra ga'uun isaaniif rakkisaadha.
Nagaadhumaan walitti dhufanii lolaan wal-biraa ka'u

11.Deemsi saanii yeroo mara marii waaqaa hin qabu(waaqaan ala)

Jidduusaaniitti waaqa affeeruu hin barbaadan

12.Wal-dheebochuun(wal-yaaduun) keessa hin jiru.

Jaalalli isaa/ishee kan itti mul'atu yeroodhuma wal-argan ykn waliif bilbilan qofa malee, walumaa quba hin qaban.

13.Mudaa walii lakkaa'uutu baay'ata.

Cimina waliirra mudaa walii(hir'ina walii)lakkaa'uutu baay'ata.
Waanti inni godhu(dubbatu) isheetti hin tolu; akkasuma isattis waanti isheen gootu(dubbattu)itti hin tolu.

14.Faayidaadhaa wal-jaalachuu.

Isa osoo hin ta'iin kansaa kan ta'e,ykn ishee osoo hin ta'iin kan ishee kan ta'e yeroo jaalatan.
Isa osoo hin ta'iin konkolaataasaa, digriisaa,bifasaa..... jaalatti/ta

15.Nagaa,Gammachuu fii boqonnaa of-keessaa hin qabu.

"Manaafi Badhaadhummaa abboota irraa in dhaalu, haati manaa hubattuun garuu kennaa waaqayyooti. Fakk:19:14"

Scanned by CamScanner

Karaalee Gaa'elli Ittiin Raawwatu Sadan.

"Sababii kanaaf dhiirri abbaa isaafi haadha isaa in dhiisa, haadha manaa isaattis in maxxana; isaan lachanuus foon tokko in ta'u." Efe: 5 : 31

1. Dhiisuu:

Dhiirri ykn durbi tokko guyyaa dhaloota saaniitii kaasanii dhimmi jireenyasaanii hiyyummaa, gama ikkoonoomiitiin, barachuudhaaf, hojjachuudhaaf akkasuma dhimmasaanii murteessuuf maatiisaaniirratti hirkatu. Yeroo kana waanta godhan kamumaafuu of danda'anii murttee mataasaanii kennuu hin danda'an, rakkoo itti dhufu kamumaatiif nama biraa dawoo godhatu. Inni kan biraa immoo namni kamumtuu yeroo daa'imummaasaatii fedhii addaa qaba, amala addaa qaba, jireenya qobaa jiraachuu qaba. Haa ta'u malee umuriisaatiin(isheetiin), beekumsaan bilchaachaa ammuma deemu gara ofiin of danda'uutti dhufa. Kana keessaa gara gaa'eelaatti seenuuf karaa cira(deemsa eegala).

- *Kana jechuun namni kun qobummaa, fedhii ofii,maati,anummaa,amala ofii(fooyya'aa isa ta'e fudhachuudhaan)dhiisuudhaan nama biraa wajjin waliigalteen jiraachuuf qophaa'uudha.Dhiisuu waan qabdu dhiisuudhaaf qophaa'aa miti yoo ta'e hammayyuu gaa'elaaf akka hin geenye sittan hima.*

✓ *Fknf amala ana malee jechuu qabda yoo ta'e.*

✓ *Maatiirraa adda ba'uuf murteessuu(maatii dhiisuu)*

✓ *Qobaa jiraachuu*


✓ *Waan hiriyaan kee hin jaalanne(gosaahuccuu)kophaa ciisuu.....dhiisuu.*

Namoonni baay'een dhiisuuf osoo hin murteessiin gaa'elaaf hiriyaa qabatee, yeroo maatii beeksifna jedhan, waldaa beeksifna jetteen ni dallanu,in na'u kana jechuun namni kun gaa'elaaf hin geenye(umuriidhaan gahullee)hamayyuu gaa'elaaf hin bilchaanne,namni akkanaa gaa'elaaf hin ta'u.

Uuma: 24 : 57_61 Rut : 3:13_16 irraa akka ilaallutti Ribqaan hojjataa Abrahaam faana nan deema jette Ribqaan biyyashee, Maatiishee, fi jireenya qobummaa dhiisuuf murteessite.

Dhiisuu jechuun of danda'uuf itti gaafatamummaa fudhachuuf murteessuu ykn of ganuu jechuudha.

Scanned by CamScanner



Dhiisuu⟹ Jaalachuu⟹ Wal-quunnamtii saalaa.

➢ ***Karaa sirrii(tartiiba sirrii) gaa'elli ittiin raawwatuudha.***

2.walitti Maxxanuu

Kan calqabu Yeroo kaadhimummaati, kan calqabus yaadaanimalee sagaagaluudhaan miti.

Walitti maxxanuu inni jedhu kun,yaadaan, kaayyoodhaan tokko ta'uu jechuu yoo ta'u, yeroon kun yeroo itti amala walii walitti agarsiisan,jaalala waliif hiran,,Galma kaayyoo keenya isa guddaa kan ta'e gaa'elaaf karaa ciruu, Mul'ata waliif hiruu,Iftoominaan walitti haasa'an, waliif yaadan, wal-kabajuu,wal-simachuu ykn walii galuu fi kkf of keessaa qaba.

Yeroo kanatti Jaalalli baay'ee guddaa ta'e mul'ata.

Yeroon kun tartiiba ittiin gara gaa'elaatti seennu keessaa isa of eeggannoo cimaa barbaaduudha,sababiinsaa ofeeggannoo cimaadhaan hin goonu taanaan jireenya keenya gara fuula duraatti jiraannuu dukkaneessuu danda'a waan ta'eef. Jennata waaqayyoo biyya lafaatti gaa'ela kee keessatti shaakaluu (jiraachuu) barbaadda yoo ta'e yeroo tokko ta'uu(walitti maxxanuu) irratti hubannaadhaan hojjedhu

Yeroo kana seenaa kee, amala kee,waan jaalattu,gaariis ta'ee hamaa,waar. boru gaa'ela keessatti mul'atu waan ta'eef har'uma iftoominaan hiriyaa kee gaa'elaatti agarsiisi.

Fknf Amala dallanuu qabda yoo ta'e har'a dallanii agarsiisi,sababnisaa waaqayyo gaa'ela uumuu osoo hin ta'in diiguu jibba, kanaaf tarii hiriyaan kee suni nama gaa'ela keesatti dallansuu arguu tasuma hin barbaanne yoo ta'e gaa'ela keessantu diigama waan ta'eef.

Scanned by CamScanner

Dugda duuba seenaa maatii keetii hiyyeeyyiis ta'an dureeyyii waan boru mul'atu waan ta'eef soba malee itti himi.

Doqna (nama nyaatarratti nama hin jaalanne),(sassataa,sassattuu) yoo taate hiriyaa keetti agarsiisi,arjaa yoo taate,sababnisaa boru gaa'ela keessan diiguuttii har'a hiriyaan kee beekaa yoo jaalatte akka itti deemtu.

Yeroo tokko Intalli(Shaamarreen)tokko akkuma fakkeenyaa armaan olitti ilaalleetti, namicha waldaatti baay'ee lallabu kan ergamaa waaqayyoo fakkaatu tokko wajjin wal-jaalatanii gaa'ela godhan yeroo waliin jireenya Eegalan namtichi dallanaa,sassataa(biddeena, soogidda illee ossoo hin hafiin kan lakkaa'u), Yeroo hunda kan dheekkamu, dhiifama kan hin beekne ta'ee argame. Yeroo kana waldaa dhaqxee abbaan manaa inni kootii as jira waan ta'eef abbaa manaakoo naa kennaa, inni mana jiru isan ani waldaatti argee jaaladhe miti, kan koo asitti hafe jette.

Yeroo kana of Eeggsnnoon godhamuu qabu kan biraa, yeroon kun yeroo itti wal-qu'annu, yaadaafi hafuuraan tokko taanu malee yeroo Gaa'elaa miti waan ta'eef keessattuu shaamarran wal-quunnamtii qaama saalaarraa of eeggannoo cimaa gochuutu nurra jira.

Namconni dur saroota yoo ajjeesan gaafa affeelanii laatuuf,yeroo sareen nyaattu laafaa waan ta'eef akka salphaatti liqimsiti,garuu erga garaa seenee gaafti sun qorree jabaachuudhaan, waraanee ajjeesa.

Sangaa yeroo qalii geessan amoolee duraqabanii iddoo itti qalamuun(Qeeraadhaan) gahu malee karaatti laataniifii hin fixan, yoo karaatti laataniifii fixan bakka yaadan sana iddo qalii namaaf hin gahu deebi'uu barbaada. Egaa shaamarran waa tokkon sitti hima, kaadhimummaa keessatti galmi kee iddoo qalii(gaa'ela bira ga'uu) akka ta'e hin dagatiin; kanaaf amoolee karaatti fixuun sirraa hin jiraatu, akkas goota taanaan seenaa kee boruutu bada, gaa'elli kee ni dukkanaa'a sababnisaa sangaan(dhiirri)amoolee karaatti yoo laatteefii fixxe sibiraa deebi'a(si dhiisa); galma akka ga'uuf itti argisiisi malee karaatti hin laatiifiin.


Warri dhiiraa as irratti of eeggannoo tokkon siif kenna Gaa'elli kan uumamu gaafa durba tokko wajjin ciiftee sagaagaltuudha kanaaf durba tokko wajjin ciiftee dhiifta taanaan gaa'ela akka diigde sittan hima kunimmoo barsiisa wangeelaatiin mormuudha sababnisaa waldaan(akka haadhamanaatti) qaama kiristoos waan

Scanned by CamScanner

taateef kiristoos waldaa dhiisuu hin danda'u; kanaafuu, barsiisa caaffata qulqullaa'aatti buute waaqayyo si hin dhiisu si adaba uma :2 : 21

"Nanmi foon isaa in soora, in dhimmaaf, malee takkaa foon isaa jibbee hin beeku"

Efe : 5 : 29



- ***Karaan kun sirrii miti***

- ***Jaalalaan calqabanii ejja keessa galanii, wal dhiisuudhaan xumuran***

3. Foon Tokko ta'uu 1qor : 7

- ✓ *Wal- quunnamtii qaama saalaa gochuudha fak : 5: 18*
- ✓ *Waliin jiraachuu*
- ✓ *Tokko tokkoof gargaaraa/tuu ta'uun jiraachuu*
- ✓ *Yeroo kana waanti qabnu hundi kan walii keenyaati(tokkuma)*
- ✓ *Sadarkaan kun gaa'ela keessatti isa dhumaati malee isa calqabaa miti.*
- ✓ *Namoonni baay'een garuu foon tokko ta'uu(sagaagaluudhaan) eegalaniit wal-dhisuudhaan xumuru.*

Scanned by CamScanner



Kan wal jaalataniif sababii dura waliin ejjaniif

Inni kun yeroo dubaroota mana bunaa(hoteela) keessa taa'anii qarshiidhaan ejjani wajjin bulani wajjin wal-fakkaata.

Sadarkaan Gaa'elaa inni sirriin:

Dhiisuu⟹Jaalala/Walitti maxxan⟹ foon tokko ta'uu (gaa'ela).

❖ *Rakkoolee waa'ee gaa'elaarratti turaniif hammallee jiran*

1. Kan jiru Macaafa qulqulluu keessatti kaadhimaadha malee "boy friend"ykn"girl friend" miti (hiriyaa dhiiraa ykn hiriyaa dubaraa)osoo hin ta'iin kaadhimaa gaa'elaati.
2. Waldaa keessatti waa'ee gaa'elaa haasa'uun akka cubbuutti waan fudhatamuuf dargaggoonni carraa waayee kaadhimaa ykn gaa'elaa mari'achuufi haasa'uu hin argatan, kanarraa kan ka'e feedhidhaan gubachuurraa kan ka'e dhumarratti kaan "ideal sex"(yaadaan ejjuu)"mastarvation", Addunyaa keessaa(warra hin amanne)jaalachuuf muurteessuu, achumaan waldaadhaa bahu, kaan immoo yeroon umurii kaadhimmachuu itti darbee dhumarra carraa filachuufi filatamuu dhabanii gaa'ela malee hafu; gaa'ela godhatanillee mi'aa gaa'elaa osoo hin argiin du'u ykn du'uu baatanillee jireenyi gaa'elaa isaaniif nuffisiisaaf jibbisiisaa isaanitti ta'a fedhiin saanii du'eera waan ta'eef.
3. Hiriyaa Gaa'elaa Barbaaduuf(filannoódhaaf) ilaalcha gadii ofii kennuu

Scanned by CamScanner

Eenyumtuu kan jiru kiristoos keessa,kiristoos keessattimmoo hunduu haaraadha waan ta'eef wal-tuffachuun (of tuffachuun)Eessaadhufe? 2Qor : 5:17

4. Ulaagaa baay'isuu("A"-hanga "Z"tti).
   A= Active
   B= Beautiful
   C= Clever.....Z= Zealer to love.
5. Dhiibbaa naannoo,maatii nuguddisaniifi amantii dura keessa turree, akkasuma hamma keessa jirruu.

Gaafa waldaan Gaa'elaafi kaadhimummaa isa waaqayyo qulqulluufi Eebba godhee nuuf kenne macaafa Qulqulluu keessaa dargaggeessatti himuu diddu dargaggeessi /ttiin waa'ee gaa'eela(kaadhimummaa) addunyaarraa dhaggeeffachuuf gurra banatu. Yeroo kana Gaa'ela kiristaanaa osoo hin ta'iin gaa'ela warra Addunyaatu waldaa keessatti raawwata, gaafas waldaan boruu jiraachuunshee gaaffii keessa gala, jiraattullee waldaa kiristoos osoo hin ta'iin waldaa Addunyaa kan fedhiifi yaada addunyaatiif banaa taate taati.

Isa ٥١ : ١٠
٤٢ ٢٨ : ١١
٤ : ٧٥ ٤ : ١٣

Scanned by CamScanner